# Namni Rabbiin Rabbummaa isaa jaallate, islaama amantummaa isaa jaallate, Muhammadiin ergamummaa isaa jaallate mi'aa iimaanaa dhandhameera

Abbaas ibnu Abdulmuxxalib irraa akka odeeffametti -Rabbii isa irraa haa jaallatu- ergamaa Rabbiitii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhuun dhaga'e: «Namni Rabbiin Rabbummaa isaa jaallate, islaama amantummaa isaa jaallate, Muhammadiin ergamummaa isaa jaallate mi'aa iimaanaa dhandhameera».
[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- mu'uminni iimaana isaa kan qalbiin isaa isa irratti ragga'e keessatti dhugoomsaa ta'e, bal'ina, gammachuu, mi'aa iimaanaa fi Rabbitti dhihaachuu qalbii isaatiin akka argatuu fi ittis beekamu himani, wantoota sadeen kana kan jaallatu yoo ta'e: Jalqaba: Rabbiin Rabbummaa isaa jaallate, sunis waan Rabbiin irraa isatti dhufu, Rabbummaan isaa waan itti qajeelchu rizqii fi haalowwan qooduu irraa, qalbii isaa keessatti waan sana keessatti mormii tokkollee qalbii isaa keessatti arguu dhabuuni, Rabbiin malee waan jiru Rabbummaa isaa kan hin barbaanne. lammaffaan: islaama amantummaa isaa jaallate, sunis waan islaamummaan of keessatti qabate, ajajootaa fi dirqamoota isa keessa jiruuf qomni isaa bal'achuudha, karaa islaama malee jiru kan hin deemne ta'ee. Sadaffaan: Muhammadiin -Rabbiin rahmtaa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ergamummaa isaa jaallachuudha, sunis hunda waan isaan ittiin dhufan shakkii fi keessa deddeebii tokkoon maletti qomni isaa isaaf bal'atee itti gammaduuni, adeemsa karaa isaaniitiin wol simatu malee hin deemu.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/65116

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee